MIRKANII

# Gargaarsa fi tumsa namoota gajahumsi (jeequmsi) maatii fi saalummaa mudateef

*Australia keessatti dhalattes tahe yoo biyya kan biraa irraa gara Australia dhufte tahes jireenya gajahumsa (jeequmsa) hin qabne jiraachuuf mirga ni qabda.*

Australia keessatti gajahumsi (jeequmsi) maatii fi saalummaa bifa kamiin iyyuu obsi hin kennamuuf.

Gajahumsi maatii fi dhaaninsi saalummaa (sexual assault) yoo manatti raawatame tahe illee yakka.

Seerri Australia keessatti dhalaa fi dhiira wal qixa ilala. Namni hundi hariiroo sarmaa (positive) fi nagaa qabaachuuf mirga ni qabu.

## Gajaumsa (jeequmsa) maatii

Gajahumsi (jeequmsi) maatii yakka. Abbaan warraa yookaan jaalalloon kee si gajahuun (jeequun) seera cabsuu dha.

Gajaumsi (jeequmsi) maatii, amaloota jeequmsaa kan akka reebicha, dhaaninsa saalummaa (sexual assault), sodaachisa, dirqisiisuu, tuffii, arrabsoo, dhoksuu (abduction), hordoffii yookaan kanneen kana raawwachuuf yaaluu.

Gajaumsi (jeequmsi) maatii miidhaa qaamaa malees kara dinagdee, qalbii (yaadaa), seera jeequmsa maatii ittisu cabsuu fi qabeenyaa miidhuu dabala.

Fakkeenyaaf gajahumsi (jeequmsi) maatii of keessaa qabu:

- si sodaachisuu, mirga ati Australia keessa turuu qabdu si sodaachisuu dabalee,
- si butuu (cimsee (goggosee) si qabuu, rukutuu, hudhuu, dhiituu yookaan si kabaluu
- mi'a sitti dabruu
- waan ati ilaaluu dandeessuu fi godhchuu qabdu sitti himuu
- qunnamtii saalaa godhchuuf si dirquu
- hiriyootaa fi maatii kee irraa adda si baasuu
- maallaqa yookaan horii si dhorkachuu (akka hin arganne) si godhchuu

## Gajahumsa (jeequmsa) saalummaa (Sexual violence)

Gajahumsi (jeequmsi) saalummaa kan of keessaa qabu, amaloota qunnamtii saalaa hin barbaachisnee, tole-hin jedhin, gidirsaa fi miidhaa qaamaa geessisu raawwachuu, kunis mankaraarsuu, qaama saalfii harkaan qabuu, dirqisiisuu fi dhaaniinsa saalummaa gudeduu dabalee ti. Gajahumsi (jeequmsi) saalummaa yakka.

## Tumsa, gargaarsaa fi odeeffannoo argachuu

Yoo gajahumsi (jeequmsi) maatii yookaan kan saalummaa si irra gahe gargaarsi nagaa kee eegu ni jira. Namoota ati haala kee itti dubbattuu fi fala qabdu waliin mariyattu ni jiran.

Gajahumis (jeequmsi) gonkumaa balleessaa kee miti. Ati itti komatamuu hin qabdu.

Yoo nama ati beektu gajahumsi (jeequmsi) mudachuu beekte yookaan shakkite tajaajilli gargaarsaa kan odeeffannoo, gorsaa fi deggersa kennuuf ni jira.

## Tajaajila Gargaarsaa

Tajaajila gargaarsaa qunnamuuf afaan hiikaa yoo fedhte Tajaajila Afaan Hiikaa fi Jijjiirraa (Translating and Interpreting Service (TIS) 131 450 bilbili.

Bilbilli hundi tola. Hicitiin isaas eegamaa dha.

Yoo balaa jala jiraatte Duwwaa Saden (000) irratti polisiitti bilbili.

Poolisiin Australia keessaa nagaa kee kan eegan fi amanamoo dha.

## Odeeffannoo caaluuf

Dubartootaa fi dhiirota gara Australia dhufan gargaaruuf odeeffannoo caaluuf, seera gajahumsa (jeequmsa) maatii waan ilaalu dabalee afaanota 46 **www.dss.gov.au/ family-safety-pack** ni jira.

Gajahumsi (jeequmsi) maatii fi saalummaa gonkumaa TOLE hin jedhamu.

Yoo ati yookaan namni ati beektu gajahumsa (jeequmsa) maatii irraa miidhaan irra geessisame Toora Dabarsaa fi Dhaqabaa Nageenya Jeequmsa Qe'ee keessaa (Safe at Home Family Violence Response and Referral Line) 1800 633 937 irratti itti bilbili.

Yoo ati yookaan nama ati beektu miidhaan gajahumsa (jeequmsa) saalummaa irra geessisame Toora Goolama Dhaaninsa Saalummaa Godinaa Guutuu (Statewide Sexual Assault Crisis Line) **1800 697 877** irratti bilbili. Sardama keessatti yeroo hunda **000** bilbili.

**SARDAMA KEESSATTI YEROO HUNDA 000 BILBILI**

Gorsa qalbii (Counselling) fi Tajaajila Gargaarsaa kan Gajahumsa (jeequmsa) maatii
**1800 608 122**
*Wixata (Monday) hanga Jimaataa, 9gn (sa'aa 9 ganamaa) – waarii (midnight); Dhuma torbee fi guyyaa ayyaanaa: 4 wb (waaree booda) – waarii (midnight)*

Wal-qixxoma Saalaa
**(03) 6278 9090**
*Wixata (Monday) hanga Jimaataa, 9gn (sa'aa 9 ganamaa) – 5 gl (sa'aa 5 galgalaa)*
*Sa'aa dalagaatiin booda baallamaan taha*
www.engenderequality.org.au

Filmaata Nagaa (Safe Choices)
**1800 806 189**
*Wixata (Monday) hanga Jimaataa, 9gn (sa'aa 9 ganamaa) – 5 gl (sa'aa 5 galgalaa)*
www.safechoicestas.org.au

Tajaajila Deggersa Dhaaninsa Saalummaa (KIBBA (SOUTH)
**(03) 6231 0044**
*Wixata (Monday) hanga Jimaataa, 9gn (sa'aa 9 ganamaa) – 5 gl (sa'aa 5 galgalaa)*
www.sass.org.au

Qe'ee Laurel (Laurel House)
Kaaba (North) **(03) 6334 2740**
Kaaba Dhihaa (North West) **(03) 6431 9711**
*Wixata (Monday) hanga Jimaataa, 9gn (sa'aa 9 ganamaa) – 5 gl (sa'aa 5 galgalaa)*
www.laurelhouse.org.au

Toora Dabarsaa fi Dhaqabaa Nageenya Jeequmsa Qe'ee keessaa (Safe at Home Family Violence Response and Referral Line)
**1800 633 937**
*Sa'aa 24 jira. Hubadhu: Bilbilli sa'aa hojii booda gara Polisii Tasmania dhaqa*

Toora Goolama Dhaaninsa Saalummaa Godinaa Guutuu (Statewide Sexual Assault Crisis Line)
**1800 697 877**
*Sa'aa 24 ni jira*

1800RESPECT: *Tajaajila biyyaalessaa kan dhaaninsa, gajahumsa (jeequmsa) mana keessaa, kan maatii fi gorsaa*
**1800 737 732**
*Sa'aa 24 ni jira*
www.1800respect.org.au